# WA NOTIFY AKKAMITTI AKKA HOJJETU

Beeksiftuun Saaxilamummaa Waashingitan (WA Notify) hujjafannoo barbaachisaa ta'e kan tatamsa'ina COVID-19 ittisuudhaaf gargaarudha. Kunis akka Maaskii uffachuu, fageenya qaamaa eeggachuu akkasumas talaallii fudhachuu fa'aa, WA Notify karaa gaarii kan tamsa'ina COVID-19 ittisuuf gargaarudha.

Fayyadamtoonni WA Notify COVID-19'f saaxilamuu akka danda'an akeekkachiisuuf odeeffannoo dhuunfaa kamiyyuu osoo hin gaafatiin ismaartfoonii irratti ni hojjeta. **Guutummaan guutuutti icciitaawwaadha, akkasumas eenyuu yookin bakka isin deemtan homaallee hin beeku yookin hin hordofu.**

Qorannoon akka agarsiisutti hanguma namoonni baay'een beeksisa saaxilamummaa kana fayyadaman, faayidaan isaan argatanis guddaa ta'a. Moodeelonni odeeffannoo kaawontiiwwan mootummaa Waashingitan keessaatti hundaa'an, lakkoofsi nama muraasni kan bakka kanatti WA Notify fayyadaman illee tamsa'inaa fi du'a jiru hir'isuu akka danda'u agarsiisu.

## WA NOTIFY BILBILA KEESSAN IRRATTI FE'AA

**iPhone irratti:**

1. Gara Settings adeemaa
2. Exposure Notifications bakka jedhutti gadi harkisaa
3. "Turn On Exposure Notifications" kan jedhu tuqaa
4. United States filadhaa
5. Washington filadhaa

**Bilbila Android irratti:**

1. Gara Google Play Store adeemaa.
2. Salphumatti argachuuf WA Exposure Notifications jechuun app (hujjafannoo) barbaadaa
3. Appilkeeshinii Washington Exposure Notifications download godhaa

## WA NOTIFY ERGA BILBILA KEESSAN IRRATTI FEETANII BOODA

Tamsaa'ina dhibee COVID-19 ittisuudhaaf karaan inni gargaaru kunooti

**1**



Yeroo namoonni lama wal-bira ta'anii WA Notify bilbila isaanii irratti fe'an, bilbiloonni isaanii koodiiwwan garaagaraa karaa Bluetooth wal-jala jijjjjiiru. **Koodiiwwan kunneen guutummaan guutuutti kan hin beekamnedha, iddoo isin deemtan hin hordofu yookin odeeffannoo dhuunfaas wal-jala hin jijjjjiiru.**

**2**

Oduun gaarii ta'e hin jiru. Namni ta'e yoo karaa laaboraatorii qoratamee Poozatiiva ta'uun isaa mirkaneeffame, fayyaan hawaasaa ergaa barreeffamaa mirkaneessii fi/yookin ergaa gubbaatti mul'atu isaaniif erga. Akka filannootti, fayyadamaan qorannoo mana keessaatiin poozatiiva ta'uu isaa ibsuu qofaaf koodii mirkaneessii gaafachuu danda'a.

**3**

Namni qoratamee poozatiiva ta'e **liinkicha cuqaasa** yookin ergaa beeksisii tuquudhaan qabxii isaa karaa hujjafannoo mirkaneeffachuudhaaf **sadarkaalee itti aanuun jiran hordofa.**

**4**

Fayyadamtoonni WA Notify beeksisin tarii COVID-19f saaxilamuu isaanii ibsu isaan qaqqaba, tarii yoo isaanitti dhiyaatanii akkasumas **itti fayyadamaa WA Notify kan eenyummaan isaa hin beekamneen saaxilamanii jiru ta'e agarsiisu isaan qaqqaba.**

**5**

Beeksisootni kun ofii keessanii fii namoota biro ittisuudhaaf liinkii gara odeeffaannoo waayee waanta itti aansuun gootaniitti isin geessan qabu. **Odeeffannoo waayee nama poositivii ta'ee yookin bakka saaxilamummaan tarii itti mudate sanaa homaallee of keessaa hin qabani.**